# CUUNFAA WALII GALTEE AFSCME LOCAL 328

Walii galteen AFSCME Local 328 fi OHSU gidduu jiru sanada seeraa wal xaxaadha. Hojjettoonni keenya bakka bu'aman akka beekaniif keeyyatawwan walii galtee barbaachisoo ta'an armaan gaditti tarreeffamanii jiru. Qajeelchi kun cuunfaa walii galtichaati jechuudha — *afaan seeraa qabatamaa ta'e of keessaa hin qabu*. Waa'ee cuunfaa kanaa sirriitti hubachuu yoo barbaadda yookin walii galticha keessatti waanta kan biraa ilaalame irratti gaaffii yoo qabaattan, (844) 758-6466 irratti yuuniyeenii keenya qunnamuu dandeessu; faayida qabeessa taanan nama afaan hiiku qindeessuu ni dandeenya.

- Keeayyata 7 – Sa'aatii Hojii: Gosoota sagantaalee hojii, jijjiirraa sagantaa, kaffaltii gabaasaa, yeroo boqonnaa fi nyaataa, waamichaan, daldaala dabaree, yeroo qulqulleessuu, gochoota haareffaman.
- Keeyyata 8 – Beenyaa: Daballii kaffaltii, olka'uu kaffaltii, fayidaa sirreessuu/kaffaltii dabalataa, irra deebiin adda baasuu irratti hunda'uun jijjiirraa kaffaltii, kaffaltii irra darbaa/gadi aanaa.
- Keeyyata 9 – Sa'aatii Dabalataa fi Kaffaltii Primiyeemii: Kaffaltii sa'aatii dabalataa, sa'aatii dabalataa shallaguu, saganteessuu fi abbaltii sa'aatii dabalataa, yeroo bulii/beenyaa, kaffaltii hojiitti deebi'uu, jijjiirama yeroo gabaasaa irratti, hojii guyyaa ayyaanatiif kaffaluu.
- Keeyyata 10 – Kaffaltii Garaa garumma; Garaa garummaa jijjiiraa, hojiif qophii, hojii ijaarsaa, ramaddiin ala hojjechuu, garaa garummaa sanbata lamaanii
- Keeyyata 11 – Guyyoota Ayyaanaa: Tareeffama guyyoota ayyaanaa, kaffaltii guyyaa ayyaanaa, gaafa guyyaa ayyaanaa hojjechuu.
- Keeyyata 12 – Boqonnaawwan: Yeroo boqonnaa argachuu, adeemsa boqonnaa gaafachuu, yeroo boqonnaa keessaa maallaqa, gargaarsa boqonnaa.
- Keeyyata 13 – Eeyyama Dhibee: Yeroo dhukkubaaf boqonnaa argachuu, fudhatamummaa Argamuu/hirmaanaa, eeyyama dhibee fayyadamaa, yaadannoo/ajaja doktaraa, sababa qabatamaa eeyyma dhibee iddootti deebisuu, soorama irratti dhiibbaa qabu.
- Keeyyata 14 – Eeyyama Haftee: Eeyyama kaffaltii qabu (gahee abbootii murtii, eeyyama af-gaaffii, dhiiga arjoomuu, gorsa osoo soorama hin bahin duraa), eeyyama kaffaltii hin qabne (kan dhuunfaa, waldhaansa fayyaa, gadda, waraana)
- Keeyyata 17 – Turtii Bara Hojii: Tajaajila itti fufiinsaa, shallaggii turtii bara hojii, tarreeffama turtii bara hojii
- Keeyyata 18 – Bakka Duwwaa Hojii Guutuu: Caalbaasii hojii, gitaawwan hojii, filannoo keessoo, gitaawwan leenjii, hojii ramaduu fi itti gaafatamummaa jijjiiruun mirga OHSU ti.
- Keeyyata 19 – Hojiirraa Hir'isuu: Beeksisa hojiirraa hir'isuu, tartiiba hojiirra hir'isuu, mirga ramaduu fi iddoodhaa kaasuu, tarreefama qacaruuf filatamaa ta'e, hanqina hojii guyyaa ayyaana waggaatti.
- Keeyyata 22 – Barnoota, Leenjii fi Misooma Hojii: Sa'aatii barnoota fi leenjii, karoora guddina dhuunfaa, beenyaa kaffaltii barnootaa.
- Keeyyata 23 – Naamuusa fi Har'isuu/Baasuu: Namuusa fooyya'aa, sababa sirrii, beeksisa wal gahiiwwan qorannootiif, mirga bakka bu'ummaa yuuniyeenii, namuusa dhimmoota hirmaannaa/argamuu, namuusa beeksisuu, hafteewwan beekmatii hin argatin.
- Keeyyata 24 – Komiiwwanii fi Araara: Gosoota komiiwwanii, bakka bu'ummaa yuuniyeenii, sadarkaalee komii fi yeroo isaa kan eeggate, adeemsa jaarsummaa.
- Walii galteewwan Irratti Walii Galame: Adeemsa walii galtee, keeyyatoota walii galteedhaan fooyya'uu danda'an, walii galtee irra gahuu.

**Keeyyata 7 – Sa'aatii Hojii**

Keeyyatni kun kan ibsu sagantaa qabuu, mirgoota hojjettootaa fi OHSU irratti daangeffamoota jiran; akkasumas "hojiiwwan fooyya'an" ni ibsa. Kaayyoon keeyyata kanaa hojjettoota bakka buufamaniif sagantaa hojii dhaabbataa fi ifaa ta'e dhiyeessudha.

- Gaggeessitoonni hojjettootaf dabaree sa'aatii 8-, 10-yookin 12 tiin saganteessuu danda'u. Hojjetaa fi yuuniyeeniin keenya osoo itti walii hin galin, dabareen idilee sa'aatii 12 oli dheerachuu hin qabu. \[7.2.1]
- Adeemsi adda ta'e tokko hanga hin jiraannetti, shiftii addaan cabsuun hin eeyyamamu. \[7.2.2]
- Hojjetaa fi hojjechiisaan yoo walii galan, fedhiiwwan addaa guutuuf filannoon saganteessuu hedduu akka filannootti qabaachuun ni eeyyamama. \[7.2.3]
- Hogganaa fi hojjechiisaan hojii dabalataa guyyaa guyyaa nama fedhiidhaan dhaabu irratti yoo walii galan, yeroon jalqabuu fi dhaabuu dhaabbataa hin taane ni eeyyamama. Warri gaafachuu dhiisan kun tola ooltotaa fi gama lamaanuu yeroo dhiisuu kan malaniidha.[7.2.4]
- Sagantaan hojii dhaabbataa hin ta'in guyyaa 28 dursee maxxanfamuu qaba. Akkuma maxxanfameen booda, osoo hojjetaan itti walii hin galin jijjiiramuu hin danda'u, haala ariifachiisaan yoo jiraate malee. [7.2.5]
- Yeroo haalli hin eegamne muudate keessatti malee- yeroo walitti fufuunsaan guyyaa 10 hojjachuu malan osoo hin dabalatin, hojjettoonni yeroo guutuu hin taane walitti fufiinsan guyyoota saddeetii oli hojjechuu hin danda'an. [7.2.10]
- Dabareen hojjetaa tokkoo yoo jijjiiramee fi osoo bakka hojii hin dhufin yoo xiqqaate sa'aatii lama dursee itti hin himamne yoo ta'e, hojjetaan sun kaffaltii sa'aatii afurii argata. [7.3]
- Hojjettooni sa'aatii boqonnaa fi nyaataa qabu — Kana mirkaneessuun gahee to'ataa hojiiti. [7.5 & 7.6]
- Hojjettoonni shiiftii sagantaa hojii idilee gidduutti garaa garummaa sa'aatii 10 qabaachuu qabu akkasumas boqonnaa sa'aatii 10 hin argatan yoo ta'e, kaffaltii dabalataa argachuu malu. [7.7]
- To'ataan hojii itti walii gale taanan, hojjattoonni shiiftii isaanii waulitti gurgurachuu danda'u. [7.10]

<u>Haala Hojiilee Fooyyeffaman</u>

- Haala qilleensaa cimaa (kanneen akka cabbii, haala qilleensaa diilallaa'aa), weerara yookin balaa uumamaa dabalatee yeroo rakkisaa ta'etti, OHSU'n nageenya fi eegumsa hojjettoota fi dhukkubsattootaa mirkaneessuuf jecha haala hojii isaa fooyyessuu ni mala. Yeroo haalli hojii fooyya'etti, OHSU'n hojii isaa gar tokkeen fooyyessuu ni mala akkasumas/yookin sagantaalee hojjettootaa dhimmi isaanii baay'ee yaaddessaa hin taanee haquu mala. Bakkeewwna hojii sa'aatii 24 hojjetan yeroo kam keessattuu banaa ta'anii itti fufu. [7.12]
- Yeroo haala hojii irratti jijjiiramni godhametti bakkeewwan hojii banaa ta'anii yoo itti fufan, hojjetaan kamiyyuu hojiitti deebi'uuf tattaaffii gochuu qaba. Yeroo itti hojii eegalan sa'aatii lama keessatti yoo dhufan, kaffaltii guyyaa guutuu argatu; garaa garummaa sa'aatii lamaa sanaan booda yoo ta'e garuu sa'aatiin hojjetan qofti shalagamee kaffalamaaf. [7.12.2]
- Bakki hojii banaa ta'ee yoo itti fufee fi hojjettoonni sababa haala qilleensaa cimaa ta'een bakka hojiitti hin argamne, barfachuun yookin hafuun akka eeyyama kaffaltii hin qabneetti lakkaa'ama akkasumas akka waan hojiirratti argamaniitti hin lakkaa'amu. Haftee sana bakka buusuf hojjettoonni eeyyama kuufamaa yookin yeroo bulii/beenyaa fayyadamuudhaaf gaafachuu ni danda'u. [7.12.3]
- Fooyya'ainsi haala hojii yeroo shiiftii hojjattootatti yoo labsame fi yuunitiin hojii isaanii yoocufame, hojjettoonni sa'aatii dabaree isaanii hafe hundumaaf kaffaltiin ni kaffalamaaf. [7.12.4]

**Keeyyata 8 – Beenyaa**

Keeyyatni kun daballii kaffaltii walii galtee keenyaan mirkanaa'e kan ibsu yoo ta'u dhimma sirreeffama mindaas ni ibsa.

- Tokkoon tokkoo walii galtee akka guutummaa boorditti daballii kaffaltii kan yeroo falmiin walii galtee godhamu yuuniyeenii keenyan irratti walii galame of keessatti qabata. Hangi daballii walii galteedhaa gara walii galteetti akkasumas waggaadhaa gara waggaatti walii galtichuma keessatti jijjiirama qaba. Walii galtee keenya ammaa keessatti yeroo isaa fi guutummaa boordiitti hanga daballii kafaltii baruuf yuuniyeenii keenya qunnamaa. [8.1]
- Guyyaa kabaja isaaniitti yeroo hundumaa waggaa waggaadhaan hojjettoonni daballii— daballii guddinaa kan jedhamu — ni fudhatu. Hangi daballii kan hundaa'u, hanga hojjettoonni iskeelii kaffaltii hojii isaanii itti guddatan irratti. [8.2 – 8.2.2]
- Daballiiwwan walii galteedhaan mirkanaa'e kamiinuu *irratti dabalataan* hojjattoonni daballii fayidaa irratti hundaa'eef yookin kaffaltii dabalataa/boonasiitiif gaggeessitoota isaanii gaafachuu danda'a. [8.3]
- Hojjettoonni yoo sadarkaan guddinaa irraa gadi bu'an, sadarkaa guddinaa yoo argatan, yoo jijjiiraman, yookin irra deebiin yoo ramadaman, kaffaltiin isaanii dabaluu, hir'achuu yookin bakkuma jiru irra turuu danda, haalota irratti hundaa'ee. [8.5 – 8.7.2]
- OHSU'n hanga hojjetaan argachuu qabuun oli yoo kaffale, yeroo dogoggoraan kaffaluufin beekamu hojjetaan sun kutaa herreegaa beeksisuun kaffaltii sana deebisuutu irraa eegama.[8.11]

---

**Keeyyata 9 – Sa'aatii Dabalataa fi Kaffaltii Primiyeemii**

Keeyyanni kuni akkaataa itti kaffaltiin sa'aatii dabalataa hojjatu ibsa.

- Sa'aatii dabalataa jechuun hojii dabaree idilee hojjetaatii oliiti (dabareen sa'aatii saddeet yookin sa'aatii dabalataa ta'e) yookin torbanitti sa'aatii 40 oli jechuudha. [9.1.1]
- Kaffaltiin sa'aatii dabalataa fi reetii kaffaltii idilee hojjetaa walakkaa tokkoo. [9.1.2]
- Sa'aatiwwan hojiin hojjetame hunda, ida'uu boqonnaa fudhatame, yeroo dabalataatti lakkaa'ama. [9.1.3]
- Walumaa galatti, sa'aatii dabalataa kan kennamu akkaataa turtii/dursummaatti. *Namoonni fedhii qaban* yoo hin jiraanne, gaggeessittoonni nama yeroo dabalataa hojjatu faallaa turtii/dursummaatiin ramaduu danda'u. [9.1.4.a-d]
- Hojjetaan sa'aatii idileetiin alatti turee hojjechuun yoo barbaadame akkasumas geejjibni isaanii idilee hin jiru yoo ta'e, OHSU'n gatii taaksiitiif kaffaltii bakka buusaf yoo sa'aatii dabalataa galanii hojjechuu akka qaban dursa itti himame jechuudha. [9.1.4.e]
- Hojjettoonni kurmaanatti sa'aatiin dabalataa akka hojjetan dirqamaan isaan irraa eegamu sa'aa 60 qofa ta'uu mala. [9.1.4.f]
- Haalota muraasa qofa keessatti malee hojjettoonni sa'aatii 24 keessatti walitti aansudhaan sa'aatii 16 hojjechuu dhiisuu malu. Walitti aansudhaan sa'aatii 16 hojjetan taanan, sa'aatii dachaadhaan herreegama. [9.1.4.g]
- To'ataan mirkaneesse taanan, hojjettoonni hanga kaffaltii sa'aatii dabalataa fudhtan (sa'aatiin dabalataa murteessaa ta'e mirkaneessa to'ataa hin barbaadu), da'aatii dabalataa gara yeroo bulii/beenya tti jijjiirrachuu danda'u. [9.1.5]
- OHSU'n yeroo tokko tokko hojjettoota hojiitti akka deebi'an waama (erga hojiidhaa bahanii yookin yoo waamicha irra jiraatan); kuni yommuu ta'u, hojjettoonni yoo xiqqaate yeroo sanatti kaffaltii hojii sa'aatii lama fi walakkaa tokkoo argachuu qabu. [9.2-9.2.2]

**Keeyyata 10 – Kaffaltii Garaa garumma**

Keeyyanni gosoota kaffaltii garaa garummaa adda addaa kan hojjattoonni argachuu malan ibsa.

- *Garaa garummaan dabaree galgalaa* kaffaltii sa'aatii sirrii 7% yookin $1.36 (kan caalu kamiyyuu yoo ta'e) yeroo isaaniif kenname keessaa halkan walakkaa yoo xiqqaate 4: 00 p.m. fi 12: 00 walakkaadhaan hojjataniif kaffalama. *Garaa garummaan dabaree* halkanii kaffaltii sa'aatii sirrii 12.5% yookin $2.65 (kan caalu kamiyyuu yoo ta'e) hojjettoota yoo xiqqaate yeroo isaaniif kenname halkan walakkaa 12: 00 fi 8: 00 a.m. walakkaadhaan hojjetaniif kaffalama. [10.1.1-10.1.2]
- Hojjettoonni hojii waamichaa irratti ramadaman tokkoon tokkoo sa'aatii jahaatiif *kaffalatii hojii waamichaa* keessaa kaffaltii sa'aati tokko ni fudhatu. [10.2]
- Hojjettoonni gaggeessummaa itti ramadaman walitti fufiinsaan sa'aatii afurri fi isaa oliif yoo hojjatan, *garaa garummaa hojii gaggeessummaa* 5% ni fudhatu. [10.5]
- Hojjettoonni hojii ramaddii olaanaatti sa'aatii afurii fi isaa oliif yoo ramadaman, *hojii garaa garummaa ramaddiin alaa tiif* 4% ni argatu. [10.10.1]
- Gaafa jimaataa 11: 00 p.m. kaasee hanga gaafa Sanbata Guddaa 11: 00 p.m. gidduutti sa'aatii hojii hojjatameef *kaffalatiin garaa garummaa sanbata lamaanii* sa'aatiidhaan $0.50 ni kaffalama. [10.11]

## Keeyyata 11 – Guyyoota Ayyaanaa

Keeyyatni kuni ayyaanota waggaa kaffalaman kan OHSU fi kaffaltii ayyaana waggaa ibsa.

- Hojjettoonni keenya bakka bu'aman kaffaltii guyyoota ayyaanaa saddeet argatu. [11.1]
- Hojjettoonni dhaabbataa ta'an kaffaltii guyyaa ayyaana waggaa sa'aatii saddeet argatu; hojjettoonni yeroo bilisaa ammoo sa'aatiin heerreegameet fudhatu. Kaffaltii guyyaa ayyaana waggaa argachuudhaaf, hojjettoonni guyyaa ayyaana waggaa duraa fi booda dabaree isaanii guutudhaaf sadarkaa kaffaltii keessa galuu qabu (hojidhuma keessa yookin eeyyaman sababa dhukkubaa, boqonnaa yookin yeroo bulii/beenyaa fayyadamuudhaan). [11.2]
- Guuyyaa ayyaana waggaa hojjechuudhaaf sagantaan yoo bahe, kaffaltii guyyaa ayyaana waggaa *irratti dabalataan* hojjetaan kaffaltii yeroo sanaa fi walkkaa tokkoo ni kaffalamaaf.[11.3]
- Sagantaan hojii guyyaa ayyaana waggaa guyyaa 28 dursee yuunitii hojii keessatti maxxanfama. [11.4]

---

## Keeyyata 12 – Boqonnaa

Keeyyatni kun akkataa itti boqonnaan argatamu, akkamitti akka itti fayyadamanii fi akkamitti akka gara qarshiitti jijjiiramu kan ibsuudha.

- Hangi boqonnaa hojjettoonni fudhatan turtii hojii isaanii irratti hundaa'uun yoo ta'u, kan shallagamu ammoo sa'aatii hojii idilee kaffallame bu'uura godhachuudhani. [12.1-12.1.1]
- Hojjettoonni boqonnaa isaanii akkaataa fedhii isaanitti guyyaa haftee isaanii bakka buusun itti fayyadamuu danda'u, akkaatudhama hangi eeyyamaa keeyyata kana keessatti ibsametti jechuudha. Boqonnaan eeyyama FMLA yookin OFLA tiif faayidaarra ooluu danda'a. [12.3]
- Yeroo boqonnaa murteessudhaaf yuunitiin hojii walii galuu qabachuu mala. [12.4.1]
- Hojjettoonni kuufama boqonnaa waggaa isaanii akka fudhataniif gaggeessitoonni hanga danda'ame sagantaa boqonnaa sirnaan qopheessuu qabu. Sagantaan boqonnaa kan waggaa guutuu Mudde 31 irratti maxxanfamuu qaba; erga maxxanfamee, sagantaaleen kun waggaa guutudhaaf kan tajaajilan waan ta'eef gaggeessadhaan haqamuu hin danda'an. [12.4.2]
- Boqonnaa gaafachuun ayyaana waggaas ni dabalata. [12.4.3]
- Boqonnaa gaafachuun marsaa lamaan ta'a — yeroon kan daangeffamu marsaa jalqabaa qofa irratti; yeroo hafe waggaa guutuu, boqonnaa gaafachuun bu'uura jalqaba kan dhufe jalqaba keessummeeffama jedhuuni. [12.4.3.a-e]
- Hojjettoonni boqonnaa haquu yoo barbaadan guyyaa 30 – 45 dursanii beeksisuu qabu. [12.4.4]
- Eeyyama hin kaffalamin gaafatanii yoo eeyyamameef malee, hojjettoonni guyyaa boqonnaa gahaa fi/yookin yeroo bulii/beenyaa gahaa hin qaban yoo ta'e, boqonnaan isaanii ni haqama.[12.4.5]
- Baankiin/kuusaan boqonnaa kan guutu sa'aatii 300 irratti. Hojjettoonni sa'aatii 250 yeroo gahan, haalli hojii ni eeyyama taanan boqonnaa gaafachuu ni danda'u. [12.5]
- Eeyyama waraanaa tokoo tokoof yookin haalota muraasa keessatti fedhiidhaan boqonnaan yeroo hojiin dhaabatu qarshiitti jijjiiramuu danda'a. [12.6-12.6.3]
- Hojjettoota OHSU rakkoo fayyaa cimaa qabaniif hojjettoonni warri kaan boqonnaa isaanii arjoomuu danda'u. [12.7-12.7.2]

**Keeyyata 13 – Eeyyama Dhibee**

Keeyyatni kun eeyyamni dhibee akkamitti akka fudhatamuu fi itti fayyadama isaa ibsa.

- Hojjettoonni dhaabbataa ta'an waggaatti eeyyama dhibee sa'aatii 96 ni argatu. [13.1]
- Hojjettooni eeyyama dhibee kan waggaa hin fudhanne, bara itti aanutti muraasa isaa boqonnaa isaanitti dabalchuu danda'u. [13.2]
- Hojjettoonni eeyyama dhibee miidhama yookin ofii yoo dhukkubsatan yookin immoo miseensa maatii itti dhiyoodhaaf yookin miseensa maatii isaanitiif itti fayyadamuu danda'u. [13.3]
- Eeyyama dhibee waan hin malleef itti fayyadaman jedhee gaggeessan shakkii qabatamaa yoo qabaate, hojjettoonni ragaa doktarri barreesse dhiyeessun dirqama. [13.4] *(Yaadannoo: Eeyyama dhibee guyyaa sadiif erga itti fayyadamaniin booda hatattamaan ragaa doktaraa dhiyessuun dirqama miti.)*
- Eeyyama dhibee maallaqatti jijjiiruun hojjettootaaf hin eeyyamamuuf. [13.5]
- Hojjettootni OHSU gadi lakkisanii guyyoota 90 keessatti deebi'an, eeyyamni dhibee isaanii ni kabajamaaf. [13.6]

*Namuusa hojii irratti argamuun wal qabatee eeyyamni dhibee fi barfatanii hojii galuun yeroo hedduu iddoo tokkotti ilaalama — walii galteen keenya barfatanii hojii seenuu ilaalchisee eegumsa gochuu nu hin dirqisiisu. Akkasumas walii galteen hojjettoota eeyyama dhibee argachuu qaban fayyadaman qofaaf uwwisa/eegumsa kenna — hojjettoota eeyyama dhibee hunda itti fayyadamaniif eegumsi godhamu homaatuu hin jiru. Hojjettooni boqonnaa isaanii bakka dhibee isaaniit akka fayyadaman (eeyyama waldhaansa fayyaa mirkanaa'een alatti) yookin dhibee isaaniitiif eeyyama kaffaltii malee akka fayyadamaniif gaggeessitoonnii akka eeyyamaniif walii galtichi hin dirqisiisu.*

*Dhibeedhaaf jecha sagantaa malee boqonnaa yoo fudhattan, akka haftee eeyyama hin qabneetti lakkaa'amuu danda'a — yoodhuma eeyyama dhibee qabaattan illee — tarkaanfii namuusaa cimaas geessisuu kan danda'uudha.*

*Yuunitii walii galtee keenya keessatti yeroo heddu tarkaanfii namuusaa fi hojii dhaabsisuu dambii hojii irratti argamuu cabsuudha. Waa'ee hojiirratti argamuu ilaalchisee gorsi siif kennameera yoo ta'e yookin baruumsi siif kennameera yoo ta'e, hatattamaan gargaarsa yuuniyeenii barbaaduu qabda.*

**Keeyyata 14 – Eeyyamawwan Haftee**

Keeyyatni kun gosoota haftee garaa garaa kan hojjettoonni fudhatan— kan kaffalamee fi hin kaffalamin lamaan isaanituu —kan ibsuudha.

- Hojjettoonni kanneen armaan gadiitiif eeyyama *kaffalamu* argachuu malu:
  - Hojii abbootii murtii [14.1.1]
  - Mana murtiittii dhiyaachuu [14.1.2]
  - Leenjii waraanaa [14.1.4]
  - Qormaatawwannii fi af-gaaffiwwan [14.1.5]
  - Dhiiga arjoomuu [14.1.6]
  - Gorsa soorama osoo hin bahiin duraa [14.1.7]
- Haalli hojii ni eeyyama yoo ta'e hojjettoonni eeyyama *hin kaffalamne* argachuu ni malu. [14.2.1]
- Hojjettoonni ofii isaanii yaaluuf yookin miseensa maatii carraa argate yaaludhaaf jecha ji'a 12 keessatti osoo hojii gadi hin lakkisin *kaffalatii malee* eeyyama yaalaa hanga torban 12 argachuun ni eeyyamamaaf. Akkasumas, daa'ima reefu dhalattu, daa'ima haaraa guddifatan yookin daa'ima reefu akka guddifamtuuf dhufte kan waggaa 18 gadii kunuunsuuf yeroo kan itti fayyadamuu danda'u, yookin daa'ima dhukkuba yookin miidhama manatti kunuunsi barbaachisuuf kunuunsuu danda'u. [14.2.2]
- Miseensa maatii isaanitti dhiyoo, miseensa maatii isaanii keessaa namni yoo du'e yookin namni baay'ee isaanitti dhiyaatu du'e, gaggeessaan mirkaneessee eeyyama gaddaa yeroo "gahaadhaaf" argachuu qabu. Gaggeessitoonni ragaa du'aa gaafachuu *malu*.
  - Hojjettoonni eeyyama gaddaa OFLA fudhachuuf ulaagaa hin guunne, eeyyamni hanga guyyaa shanii ni eeyyamamaaf.
  - Hojjettoonni eeyyama gaddaa OFLA fudhachuu danda'an hanga torban lamaatti eeyyamni ni eeyyamamaaf.
  - Yeroo hafteetti, hojjettooni eeyyama kaffalame kamiyyuu (boqonnaa, eeyyama yeroo bulii/beenyaa yookin dhukkubaa) fayyadamuu qabu, yoo qabaatan jechuudha; Kan kaan achii akka hin kaffalalamneetti ilaalama. Fedhii gaggeessaa irratti hundaa'ee yeroon eeyyama dabalataa laatamuu danda'a. [14.2.4]
- Hojjettoonni tajaajila waraanaa seeran dirqisiisaa ta'eef eeyyama *hin kaffalamne* argachuu ni malu. [14.2.3]

**Keeyyata 17 – Turtii Bara Hojii**

Keeyyatni kun turtii bara hojii fi tajaajila itii fufiinsaatti hiika laata; akkamitti qabxiileen turtii bara hojii akka argataman ni ibsa.

- Turtii bara hojii jechuun yeroo hojii itti fufiinsaa qabu yuunitii walii galtee keessatti kuufama qabxiilee jechuudha. [17.1]
- Yeroon tarreeffama qacarrii fiulatamaa irratti bahe akka tajaajila itti fufiinsa qabuutti ilaalama.[17.2]
- Hojjetaan yeroo tarreeffama filatamaa irra jirutti, qabxiileen turtii bara hojii hin kuufaman.[17.2.2]
- Hojjetoonni bara hojii tokkotti qabxiilee turtii bara hojii hanga 96 argachuu malu.[17.3]
- OHSU'n tarreeffama turyii bara hojii isa ijoo kan O2 irratti argamuu danda'u ni tursiisa. [17.4]

*Turtiin bara hojii adeemsa hojii barbaachisoo ta'an hedduu keessatti gahee tapahatu qaba, boqonnaa sagantaa qopheessuu, beeksisa hojii baasuu, hojii dhaabsisuu fi abbaltii sa'aatii dabalataa of keessatti dabalatee jechuudha.*

---

**Keeyyata 18 – Bakka Duwwaa Hojiiwwanii Guutuu**

Keeyyatni kun kan inni ibsu beeksisa hojii baasuu, kana jechuun akkataa itti hojjettoonni dabaree gaarii, guyyaa boqonnaa gaarii, jijjiirraa yookin sadarkaa guddinaa argatan jechuudha.

- Beeksifni hojii kan bahu yeroo bakka hojii keessa iddoon duwwaan jiraatudha. Gaggeessaan hojjettoota yuunitii tokko keessatti sadarkaa hojii wal fakkaataa irra jiranii fi akkaataa gita hojichaatti hojii wal fakkaataa hojjetaniif, hojicha banaa gochuu qaba. [18.1]
- Beeksifni hojii yuunitii hojii keessatti guyyaa torbaaf maxxanfamee turtii bara hojiitiin kennamuu qaba. [18.1.1]
- Hojjettoonni erga hojicha mo'atanii kaasee torban afur gidduutti gita hojii haaraa irratti ramadamuu qabu.** [18.1.2]
- Hojjetaan hojicha mo'atee ji'a sagaliif gita hojii kan biraa irratti dorgomuu hin danda'u; yeroo sana gidduutti jijjiirraa yookin daballii sadarkaatiif dorgomuu ni danda'a. [18.1.5]
- Gitni hojii yoo hojjataa keessotiin hin guutamne yoo ta'e dorgomtoota kan birootiif banaa ta'a. [18.2]
- Dorgomtoota alaa caalaa kanneen keessotiif ilaalchi ni godhama; haa ta'u malee, dorgomtoonni keessos ta'ee kan alaa waluma faana calalamu. Yeroo beeksisni hojii warra keessatiif maxxanfame guyyaa torba keessatti kan galmaa'an yoo ta'e, dorgomtoonni keessoo ulaagaa guulan qormaatni af-gaaffii ni taasifamaaf. [18.2.2]
- Hojjettoonni kanneen jijjiirraa keessotiif filataman, filatamuun isaanii erga itti himamee kaasee torban afur keessatti gita hojii haaraa irratti argamuu/ramadamuu qabu.** [18.2.4.c]
- Dorgomtoonni keessoo kanneen gita hojii haaraatti jijjiiraman yeroo madaallii gahuumsa jijjiirraa hojii keessoo ji'a jahaa ni tajaajilu.[18.2.4.d]
- Hojjettoota ulaagaa gadi aanaa hatattamaan hojiitti qacaramuu hin guunnef gitni leenjii jiraachuu mala. Ulaagaa guutuu/filamuu, hangi kaffaltii fi filachuun dhiyeessii walii galtee irratti hundaa'a.[18.4-18.4.5]

***Hojiirra hin oolu taanan fayyaa yookin nageenya dhukkubsattoota yookin hojjettoota waliin hojjetan irratti yaaddoo fida.*

**Keeyyata 19 – Hojiirraa Hir'isuu**

Keeyyatni kun eeggumsa yuuniyeeniin keenya hir'ifamaniif taasisu ibsa. Walii galtee keenya keessatti eegumsi hojiirraa hir'suudhaaf taasifamu faayidaalee baay'ee cimoo keessaa isa tokkoodha. Beeksisni hojiirraa hir'ifamuu si qaqqabe yoo ta'e, mirgoota kee hubachuu sirriitti mirkaneeffachuuf yerodhuma sana yuuniyeenii qunnami.

- Hojiirraa hir'ifamuun yoo mudate, hojjetaan gita hojii sanatti turtii waggaa gabaabaa qabu dura hir'ifamuu qaba.[19.1]
- Hojjettoonni dhaabbataa hin taane fi hojjettoonni kontiraataa, bakka buutota hojjettoota AFSCME dursanii hir'ifamuu qabu. [19.2]
- Hojjettoonni yeroo shaakallii keessa jiran kanneen yeroo madaallii gahuumsa hojii keessa jiran dursanii hir'ifamuu qabu. [19.3]
- Hojjettoonni beeksifni hir'ifamuu isaan qaqqabu, filannoo afur qaubu:
    - Bakka hojii duwwaatti ramadamuu
    - Ramaddii hojii isaanii keessatti hojjataa turtii yeroo gadi aanaa qabu iddoodhaa kaasuu
    - Tarreeffama qacarrii barbaadamaa ta'e bira deemuu
    - Hojiirraa hir'ifamuudhaan kaffaltii hojiirraa gaggeeffamuu fudhachuu [19.4]
- Hojjetaan hir'ifame tokko, gita hojii guutudhaan yookii hojjetaa turtii yeroo gabaabaa qabu iddoodhaa kaasudhaan hojii haaraa irratti ramadamuu ni danda'a. [19.5.1 – 19.5.4]
- Hojjettoonni hir'ifamanii hojii haaratti ramadamuuf eeggataa irra jiran, yeroo isaan ramaddii eeggataa jiranitti hojiin hin jiru yoo ta'e, boqonnaa bulchiinsaa kaffalame argatanii turu.[19.6.1]
- Hojjettoonni hir'ifaman, hojjettoota yeroo guutu fi guutii hin taanee iddoodhaa kaasuu danda'u, ammatti hojjataa yeroo guutuu yookin kan yeroo guutuu hin taane yoo ta'an illee jechuudha.[19.6.2-19.6.3]
- Dhorkaa kana hanga hin didnetti, hojjettoonni hir'ifaman naannoo jireenya isaanitiin ala hin geeffaman [19.6.4]
- Hojjettoonni tarreeffama qacarrii filatamaa ta'e barbaadan inshuraansii fayyaa kaffalame kan guyyoota 90 ni argatu. Jalqaba ramaddiin isaanii waan fedhe yoo ta'e iyyuu, hojjettoonni gita hojii itti gahaa ta'anii argamanitti mirga tarreeffama qacarrii filatamaa shaakaluu ni danda'u. [19.7]
- Erga hojiirraa hir'ifamteen booda gitni hojii ati irraa hir'ifamte sun banaa yoo ta'e, hojii sanatti deebi'uudhaaf mirga qabda; jijjiiramni amansiisaa ta'e hoji irratti hin gaggeeffamne taanan. [19.10]

<u>Dabaree Hir'isuu fi Haquu</u>

- Sababa hojiin hin jirreef yookin sababa hin eegamneen dabaree hir'achuu yookin haqamuu danda'a. [19.11]
- Hir'isuu fi haquun toora adda ta'een ta'uu qaba; kutaan hojii toora mataa isaanii hundeessuuf adeemsa walii galteetti fayyadamuu danda'u. Hojjetaan tokko waggaatti sa'aatii hir'ate 120 caalaa qabaachuu hin qabu. Sa'aatii kana haguuguuf, hojjettoonni boqonnaa yookin yeroo bulii/beenyaa fayydamuu danda'u. [19.11.1-19.11.4]
- Sababni yeroo heddu dabareen gadi hir'atuuf guyyaa ayyaana waggaatti hojiin dhabamuudha; yeroo akkasiitti, guyyaa 28 guyyaan ayyaana waggaa osoo hin gahin dura gaggeessaan tattaaffii godhee hojjettoota beeksisuu qaba. [19.11.5]

**Keeyyata 22 – Barnoota, Leenjii fi Misooma Hojii**

Keeyyatni kun barnoota, leenji fi tajaajilawwan misooma hojii yuuniyeenii keenya fi OHSU dhaan dhiyaatan ibsa.

- Hojjettoonni barnoota fi leenjii ilaalchisee irratti karaa garaa garaa kanneen armaan gadii dabalatee deeggarsa ni argatu:
  - Barnoota/leenjii OHSU dhaan barbaadaman
  - Sagantaa kaffaltii barnootaa hojjetaa fi sagantaa kaffaltii misooma ogeessaa argachuu
  - Daree hordofuudhaaf sagantaalee hojii dhaabbataa hin taane
  - Leenjii bakka hojiitti kennamu
  - Dandeettii shaakaluudhaaf hojii hojjechaa yeroo kaffalamu
  - To'achuu [22.1]
- Hojjettoonni waggatti leenjii sa'aatii 10 kan hojii isaanii ilaallatu argachuu qabu (kan hojjettoota yeroo guutuu hin taanef qoodame. Tajaajilli karaa giddu gala OHSU/AFSCME tiin Wiirtuu Gabbisa Bakka Hojii tiif kennamu sa'aatii 10 kanatti lakkaa'ama. Hojjettoonni hanga danda'ametti hojjettoonni leenjii barbaadan irratti dursanii beeksisuu qabu; gaggeessitoonni ammoo gaffii kana dhugoomsuuf tattaaffii cimaa godhu. [22.1.1]
- Hojjetaan tokko karoo guddina/misooma nama dhuunfaa jalqabuu ni dabda'a kunis dandeettii fi gahuumsa akka fooyyeeffataniifi. [22.1.5]
- Koorsii, workshooppii yookin sagantaa leenjii kan biroo keessatti hirmaannaa mindeessadhaan mirkanaa'een wal qabatee baasiin bahe hangi tokko yookin guutummaan isaa hojjettootaaf ni deebi'a. [22.5]

---

**Keeyyata 23 – Naamuusa fi Hari'iuu/Baasuu**

Keeyyanni kun OHSU tti adeemsa namuusa jiru ibsa.

- "Namuusa fooyya'aa" jechuun waanta cimaa (kan akka hannaa fi hokkaraa) hin balleessine taanan, balleessa jalqabaa qofaan hin hari'amtu jechuudha. [23.1]
- Af-gaaffiin qormaataa kan agara adabbii namuusatti geessu jira taanan beeksifni dursee hojjattoota qaqqabuu qaba; bakka af-gaaffitti bakka bu'aan yuuniyeenii akka argamu mirga qabu. [23.3-23.3.1]
- Hojiirratti argamuudhaan wal qabatee gaggeessaab akeekkachiisa barreeffamaa yookin jechaan kennuudhaaf karoorse, hanga af-gaaffii qorannoo gaggeessu namuusa kana bifa biraatiin ilaaluu ni danda'a. [23.3.5]
- OHSU'n hojjataa bakka bu'aa AFSCME ta'e hari'uudhaaf yoo karoora qabaate, dhaddachi hari'uu osoo hin dhaggeeffatamin dura yuuniyeenii keenya fi hojjatichaaf guyyaa torba dursee beeksisuu qaba. Bakka dhaddhachaatti hojjetichi yuuniyeenii irraa bakka bu'aan akka dhiyaatuuf gaafachuu ni danda'a. [23.4]
- Osoo hin eeyyamsiisiin si'a heddu hojii irraa hafuun — including but not limited to no-call no-shows —qaamanis taa'ee bilbilaan osoo hin beeksisin hafuu dabalatee, garuu kana qofaan kan hin daangofne — hari'amuudhaaf sababa ta'uu mala. Hojjetaan tokko walitti fufiinsaan guyyaa hojii sadii yoo hafe yookin eeyyama mirkanaa'e osoo hin qabaatin ji'a 12 keessatti walumaa galatti guyyoota sahniif yoo hafe, OHSU'n hojjetaan sun akka waan hojii gadi lakkiseetti lakkaa'a. [23.6]

**Keeyyata 24 – Komiiwwanii fi Araaraa**

Keeyyatni kun adeemsa** komii yuuniyeenii keenyaa ifoomsa.

- Adeemsi komii yeroo sagantaan daandeffamee fi hordoffii cimaa ta'e qaba. [24.1]
- Akeekkachiisni afaanii komii ta'uu hin danda'u, garuu hojjetaan barreeffamaan deebii kennuu ni danda'a; deebiin barreeffamaa kun akeekkachiisa afaanii faana faayila hojjetaa waliin deema. Hojjetaan waggaatti akeekkachiisni barreeffamaa wal fakkaataan yoo itti kenname, akeekkachiisni lamaanuu walitti komii ta'uu malu. [24.1.4.d]
- Komiin sadarkaalee sadi keessa darba. Komiin sadarkaa 1ffaa tti hin furamne yoo ta'e, sadarkaa 2ffaa, kkf tti ceha. [24.1.5]
- Adeemsa komii keessatti sadarkaan inni dhumaa ijibbaata. Araarri adeemsa seeraa qaama walabaa abbaa murtii jedhamuun beekamu fuulduratti ta'uudha. Abbaan murtii ragaa qoratee, ragaa dhaggeeffatee dhuma irratti osoo murtii hin kennin dura qabxii xumuraa gama lamaanifuu dubbisa. Murtiin abbaan murtii kenne gama lamaanifuu seera qabeessa. [24.2.1-24.2.4]
- Kaffaltii baasiin abbaa murtii kan kaffalamu qaama mo'atameeni. [24.2.5]
- Hojjetaan dhaddachaaf qophaa'udhaaf waluumaa galatti eeyyama sa'aatii afurriitu (isa keessaa sa'aatiin lama sa'aatii kaffalame) eeyyamamaaf. [24.3]

***Komiin rakkoo baay'ee adda ta'eedha malee komii yookin rakkoo hunda hojjetaan bakka bu'ame OHSU waliin qabu miti. Komiin OHSU irratti beeksisa idilee ibsame yuuniyeeniin keenya waliigalteen keenya diigameera kan jedhuudha. Komiin hundinuu qabiyyeewwan armaan gadii of keessaa qabaachuu QABA:*

1. *Waliigalticha keessatti keeyyata addatti diigame/irra darbame*
2. *Ragaa hojjetaa kan waan cabe ibsu*
3. *Beenyaa gaafachuu — rakkinicha furuudhaa fi hojjetaa deebisanii dhaabuuf akka waan walii galtichi hin cabnee, maaltu akka barbaachisu*

*Bakka bu'aan komii adeemsicha keessatti deeggarsa akka godhuuf hojjetaadhaaf ni ramadama, adeemsichu torban dheeraa fudhachuu mala.*

**Walii galteewwan Irratti Walii Galame**

Walii galteen irratti walii galame yuunitii hojiitiif haala addaa muummee isaanii keessa jiru bu'uura godhachuudhaan karaa ittiin kutaa walii galtichaa haareffamuudha.

- Keeyyotawwan waliigaltee armaan gadii irratti walii galamee fooyya'uu danda'u:
  - 7.4 – Jiraachuu Hojii Dabalataa
  - 9.1.4 – Sa'aatii Dbalataa Saganteessu fi Ramaduu
  - 12.4.1 – Sagantaa Boqonnaa Baasuu
  - 19.11.1 – Toora Hir'isuu/Haquu [5.3]
- Adeemsi walii galtee gaggeessaa yookin yuunitii hojii 10%'n jalqabuu danda'a. Sana booda rakkoo furuudhaa fi adeemsicha waliin itti fufuu fi dhiisuu irratti murteessuuf koree xiqqaan wal gaha. [5.3.a-5.3.b]
- Miseensonni garee hojjetaa yoo xiqqaate 80% furmaata dhiyaate deeggaranii sagalee yommuu kennan, gareen hojjetaa miidhame walii galtee irra gaha.[5.3.c]
- Walii galteen irratti walii galamee mirkanaa'e Humna Namaa yuuniyeenii keenya fi OHSU tti galuu qaba. Walii galtichi kontiraaticha kan faallessu yoo ta'e, Humni Namaa yuunyeenii keenyaa walii galteen irratti walii galame diiguu danda'a. [5.3.d-5.3.e]
- Walii galteen irratti walii galame hanga kontiraanni/walii galteen kun jirutti ni hojjata. [5.3.g]

*Adeesmsi Walii galtichaa Miiltoo G walii galtee keenyaa keessatti sirriitti ibsameera: Walii Galtee Irra Gahuuf Qajeelfamoota Gargaaran*